# “Rabbiin ol ta'e akkana jedha: Anaa fi garbicha koo gidduutti salaata walakkaa lamatti qoode, Gabricha kootif immoo waan inni gaafatetu isaaf jira

Abuu Hureyraa irraa odeeffame, Rabbiin irraa haa jaallatu: Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- kan akkana jedhuun dhaga'e: “Rabbiin ol ta'e akkana jedha: Anaa fi garbicha koo gidduutti salaata walakkaa lamatti qoode, Gabricha kootif immoo waan inni gaafatetu isaaf jira. Yeroo gabrichi jedhe: {Al-hamdu Lillaahi Rabbil Aalamiin}, jechuunis: Faaruun hundi kan Rabbii Gooftaa Aalamaati, jechuudha, Rabbiin ol ta'e ammoo akkana jedha: Garbichi koo Na faarse, Yeroo jedhe: {Arrahmaanirrahiim}, jechuunis: Akkaan mararfataa akkaan rahmata godhaa jechuudha, Rabbiin ol ta'ees ni jedha: gabrichi koo deddeebi'ee na faarse. Yeroo jedhe: {Maaliki yowmiddiin}, jechuunis: Mootii guyyaa mindaa jechuudha, Rabbiin ol ta'e ammoo akkana jedha: Garbichi koo na guddise, yemmuu tokko ammoo ni jedha: Gabrichi koo waa'ee isaa natti hirkise. Yeroo jedhe: {Iyaaaka na'abudu wa iyyaaka nasta'iin}, jechuunis: Sima qofa gabbarra sima qofaan gargaarsifanna jechuudha, Rabbiinis ni jedha: "Kuni anaa fi gabricha koo jidduu jira, wanti inni kadhate hundi gabricha kootif ni ta'a. yeroo gabrichi jedhe: {Ihdinas-siraaxal Mustaqiim siraaxallaziina An amta Aleyhim geyril magduubi Aleyhim waladdaaliin}, jechuunis: Karaa qajeelaa irratti nu qajeelchi, karaa warra ati qananiiftee san nu qajeelchi, karaa warra ati itti dheekkamtee miti, akkasumas karaa warra jallatee miti jechuudha, Rabbinis ni jedha: Kuni gabricha kootiif, gabricha kootiif ammoo wanti inni kadhate ni tahaaf.

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- Rabbiin ol ta'e Hadiisa qudsii keessatti akka akkana jedhe himan: Salaata keessatti Anaa fi gabricha kiyya jidduutti suuraa Al-Fatihaa walakkaa lamatti qoode, walakkaan tokko kan kooti, walakkaan biraa ammoo kan gabricha kootiti. Walakkaan jalqabaa: faaruu, galateeffannaa fi Rabbiin guddisuudha, kana irratti mindaa hundarra gaarii ta’een isa mindeessa. Walakkaan lammaffaa: Kadhannaa fi of gadi qabuudha, Ani isaaf owwaadhee waan inni kadhate isaaf kenna. Namichi salaatu yeroo jedhe: {Alhamdu Lillaahi Rabbil Aalamiin}, Rabbiin ammoo gabrichi koo na faarse jedha, yeroo (gabrichi) jedhe: {Arrahmaanirrahiim}, Rabbiinis ni jedha: "Gabrichi kiyya deddeebi'ee na faarse, akkasumas waliigala tola ooltummaa Ani uumama kootif godhettillee amane, yeroo gabrichi jedhe: {Maaliki Yowmiddiin}, Rabbiinis ni jedha: Garbichi koo Na guddise, innis kabajaa guddaadha. Yeroo gabrichi jedhe: {Iyyaaka na'abudu wa iyyaaka nasta'iin}, Rabbiinis akkana jedha: Kuni Anaa fi gabricha koo jidduutti ta'a. Walakkaan inni jalqabaa Aayaa tan irraa kan Rabbiiti, innis: (Sima qofa gabbarra) jechuudha, kunis gabbartii Rabbiif

raggaasisanii Isa gabbaruudhaan owwannaa argamsiisuudha, isa kanaani walakkaan Rabbii xumurama. Walakkaan lammaffaa Aayaa irraa kan garbichaati, innis: (Iyyaaka Nasta'iin), inni gargaarsa Rabbi irraa barbaaduudha, akkasumas Inni (Rabbiin) nu gargaaruuf waadaa nuuf galuu isaati. Yeroo jedhe: {Ihdinassiraaxal Mustaqiim, siraaxallaziina An'amta Aleyhim, geyril Magduubi Aleyhim, Waladdaaliin}, Rabbinis ni jedha: Kun of gadi qabuu fi kadhannaa gabricha kiyyaati, gabricha kiyyaaf wanti inni gaafate hundi ni ta'a, kadhaa isaatifis deebii kenneera.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/65099